Hariiroo Qunnamtii Saalaa Tan Fayyaa

Hariiroon fayyaaf nagayaa, hariiroo ati fi jaalallee tee, akka waliif yaaddan, gammachuun isinitti dhageeyfamtu isin gootu. Hariiroo wal kabajuu irratti bu'ureeyfamte.. Kanadaatti lameen wal jaalatan wal qixa. Qunnamtii saalaallee wal marii dhaan murteeyfatan. Wajjii rafuuf lameenuu wal tahuu qaban. Namni tokko kan biraa akka wajjiin rafu dirquun seeraa ala, yo warra wal fuudhe taatellee. Haasawa gaarii wal jiddutti qabaachuun, hundee hariiroo gammachuu fi nagayaati.

Ifii fi Jaalallee tee Dhibee Qunnamtii Saalatiin Dabran irra ittisi.

Abbaa warraa ykn konfoleessallee taatu, ifii fi jaalallee wajjiin raftu dhibee qunnamtii saalaa tiin namatti dabran (DhQSD) irraa nagaya godhuun barbaachisaa dha. Karaan irra gaarii DhQSD ittii lagatan:

- Qunnamtii saalaa xiqqeeysuu. Hanga fuutuu ykn jaalallee jiruu arkattuu qunnamtii saalaa hin godhin. Namoota hedduu wajjii rafuun, hiree DhQSD si qabuu ykn namatti dabarsuu ti baayyisa
- Jaalallee jiruu tiif amanamaa tahi.. Yo namoota biro wajji kan raftu tahe, DhQSDif mataa kee saaxiltee jaalallee teeti fi ilmaan keetti dabarsuu kee ni mala.
- Yaroo qunnamtii saalaa ta gosa fedhee gootuu, koondomaatti fayyadami.
- Yo DhQSD if qoriicha fudhachaa jiraatte hamma qoricha fixattuu qunnamtii saalaa hin godhin.

DhQSD akkamitti arkatta?

DhQSD eenyuyyuu qabuun ni mala. DhQSD qunnamtii saalaatiin maleetti,dhiigaa fi dhangala'aa qaamaatiin dabra. Garuu, yaroo hedduu ummanni dhibee kana karaa qunnamtii saalaa tiin arkatan. Kanadatti jaalalleen kee akka koondomatti fayyadamu gaafachuun haalaan dansaadha.

DhQSD Kanadaa keessatti

Kanadatti DhQSD baratamoo dhaa. Human immunodeficiency Virus (HIV) dhibeen kun dhibee gosa hamaa qunnamtii saalaatiin dabru ka AIDS tahuu. AIDS wallansa hin qabu. Amma Kanadaatti namoonni 58 000 dhibee HIV akka qabanii fi irra hedduun isaanii kan ifirratti hin beekne tahuu qorattonni ni himan. Namni tokko asxaa takkallee yo ifirratti hin agarre HIV akka qabu beekuu dhabuun ni mala. Sababaa namni tokko yo HIV qabaate fi kaan hin beekamneef, akka dhibee kanaan hin qabamne if eeguun haalaan barbaachisaa dha.

Gaafatama Jaalallee Qunnamtii Saalaatif wa'ee HIV Himuu.

Kuni seera. Yo ati HIV qabaattee, jaalalleen tee dhibee tanaan faalamuuf gaaga'ama irra jiraatte, DUURSITEE osoo wajjiin hin rafne ykn sochiilee biro tanneen HIV dabarsan hin goone jaalallee tee tif himuun dirqama. Yo koondomatti fayyadamta tahe, akka HIV qabdu himuun kee hin barbaachisu, ammo himuun yaada gaariidha.

Jaalalleef Himuu Dhabuu dhaaf Waan Sirra Gahaa.

Qunnamtiin saalaa eeggannoo hin qabneen nama biro HIV dhaaf saaxiluun yakka.. Akka HIV qabdu osoo beeytuu, koondomatti fayyadamuu dhiistee, yo jaalalle teetiif himuu dhabde, yakki sirratti jigee baroota dheeraa dhaaf mana hidhaatti adabamta.

DhQSDif Qormaata Godhachuu.

Manitoobatti qormaata **DhQSD** kiliniikaa fi hospitaalatti godhachuu dandaysa. Qormaanni tola. .Bu'aan qormaata keeti si qofatti himama. Manitoobatti yaroo qormaata godhattu kliniiki maqaa kee itti hin himne lamaa tu jira.

- Nine Circle Community Health Centre, 705 Broadway, Winnipeg (204) 940 6000
- Public Health Services, Unit A, 800 Rosser Avenue, Brandon (204) 571-8483

HIV fi DhQSDif qormaata godhachuu qabda yo:

- fayyaa qunnamtii saalaa kee ti fi kan jaalallee tee tiif yaaddoo qabaatte
- ati ykn jaallalleen tee nama biro wajjiin qunnamtii saalaa gootanii jiraattan
- koondomni dhoohee ykn koondoma malee namaa wajji rafte
- gudeedamte ykn qunnamtii saalaa godhuuf dirqisiifamte.
- dhiiga ykn dhangala'aa nama biraa tuyxe (fakk. dagutti lilmee itti faayyadaman tuqxe)

Yo qormaanni kee HIV mirkaneeyse, warra dur wajjiin rafte hundaa itti himuu qabda. Yo, qormanni fayyaa mirkaneeyse, ji'oota murtawoo booda qormaata biro godhachuu qabda. HIV'n jalqabatti qormaataan hin mul'atu taha.